
# LIIDII IFI ULFA
## DAA'IMA KUNUUNSI

Liidiin namoota ulfaa fi daa'imman isaanii hin dhalatin irrtti miidhaa guddaa geessuu danda'a. Liidin nama ulfaa ulfichi akka irraa ba'u taasisuu danda'a fi daa'imni yeroo sirrii isaa dursee ayookan ulfaatina ta'uu qabuu gadi akka qabaatu taasisa. Akkasumas daa'imni yeroo guddatutti rakkoo barachuu fi amalaa irratti qabaachuu mala.

Gaarimini, miidhaan liidii furamuu danda'a. Faalamni liidii yeroo hedduu dhukkee yookan bullaa liidii qilleensan wajjin harkisuudhaan, yookan nyaata liidiidhaan faalame nyaachudhaan dhufuu danda'a. Tarkaanfilee sassalphoo ittiin ofii kee fii daa'ima kee liidii irraa eegdun fudhachuudhaan, akka daa'ima fayya qabeessa ta'an gochuu dandeessa.



Liidii sammuu fi sirna narvii daa'imaa miidhuu danda'a.

Liidin daa'imni kee yeroon isaa utuu hin ga'in yookan ulfaatina xiqqaadhan akka dhalatan taasisuu danda'a.

Liidiin kalee fi qaamota biroo daa'imaa miidhuu danda'a.

## Raawwadhu

**Haakima kee ilaali:**

Dhiiyeenya liididhaaf saaxila baate taanan haakima keetti himi.

**Mana suphuu dhiisi:**

Manneen 1978 duraa keessati, halluu irraa tuttuquu yookann suphuu dhiisi

**Nyaata fayya qabeessa nyaadhu**

Nyaata kaalsiyeemii, aayiranii fi vitaamin Cqabu sooradhu.

**Mana qulqullinaan qabi:**

Awwaara manaa hir'isuudhaaf waan jiidhina qabu fayyadamuudhaan lafa fi foddaa manaa qulqulleessi.

**Daa'imman kee eegi:**

Namni tokko liidii fayyadama yookan hojjata yoo ta'e, mana seenuu dura qaama dhiqadhu fi uffata jijjiiradhu.

## Kan hin raawwanne

**Wantoota manaa hin fayyadamin:**

Wantootni mana keessatti hojjataman muraasni, dibatawwan, fi nyaatni, gubduuwwan, kan akka barbarree tarii liidii hammachuu danda'u.

**Waan alaa dhufu hin fayyadamin:**

Seeramikiiwwan yookan hubboowwan muraasni tarii liidii fayyadamuu malu. Nyaata yookan dhugaatii itti bilcheessuuf, dhiyeessuf, kuusuf itti hin fayyadamin.

**Wantoota nyaata hin ta'in hin nyaatin:**

Wantoota akka suphee, balfaa, gal'ii fi kanneen biroo kan nyaata hin taane hin nyaatin. Kuni isaan keessatti liidii qabaachuuu danda'u.

**Liidii hin qulqulleessin:**

Liidii ofii kee hin qulqulleessin. Nama liidii siif qulqulleessu qabaadhu. Wantootni liidii ittisan fayyadamamuu mirkaneeffadhu.

**Liidii manatti hin galfatin:**

Namni tokko liidii fayyadama yookan hojjata yoo ta'e, awwaarri liidii uffattaa fi qaama irratti gara manaa wajji seenuu malu.



Public Health
Seattle & King County

TOXIC-FREE FUTURE
SCIENCE • ADVOCACY • RESULTS

Horn of Africa Services